

Amma ijoolota umriin isaanii 5 hanga 11 tahaniif baallama talaallii Pfizer COVID-19 qabuufii dandeessa.

Oromo | Afaan Oromoo
OFFICIAL

Ijoolleen maaliif taliilamuu qaban?

Ijoolleen talaallii diratuun kan inni gargaaru:

- Mana barmootaa banaa taasisa, akkasiin ijoolleen fuulaa-fi-fuulaan mana barmootaa deemanii baratu, hiriyoota isaanii waliin xabatu
- Daddabra dhibee dhukkuba COVID-19 ijoollee fi maatii kaan irraa xiqqeessa
- COVID-19 irraa dhukkubsatuu irraa isaan ittisa.



Ijoollee kiyya eessattin talaallii dirachiisa?

Talaalliin kanneen keessatti hirmaatan hunda biratti ni argama:

- Kilinika doktora fayyaa
- Kemistii
- Dhaabbilee To'atiinsa Fayyaa Hawaasa Aboriginal (Aboriginal Controlled Community Health Organisations)
- Giddu-galeessa maatii talaallii Mootummaa.

Mucaa kiyyaaf akkamiin ballama qabuufii danda'a?

Warri fi guddistootni ijoollee isaaniif baallama kilinika doktora fayyaa ykn kemistii [Barbaada Kilinika Talaallii \(Vaccine Clinic Finder\)](https://covid-vaccine.healthdirect.gov.au/booking/) <<https://covid-vaccine.healthdirect.gov.au/booking/>> jiru irra barbaadani galmeessuu danda'u.

[Giddu-galeessa talaallii mootummaan gaggeessu](https://www.coronavirus.vic.gov.au/vaccination-centres) <<https://www.coronavirus.vic.gov.au/vaccination-centres>> ykn Toora Gargaarsa Bilbilaa Coronavirus **1800 675 398** irratti bilbiluudhaan baallama qabatuu danda'an.

Amma baallama kee qabatuu dandeessa.



OFFICIAL



Families,
Fairness
and Housing



Talaalliin miidhaa ni qabaataa?

Akkuma qorsa (medicine) kaanii talaalliin miidhaa qabaatuu danda'a.

Ijoolleen miidhaa beekamaa fi eegamaa tahe talaallii booda qabaatuu danda'u, kan akka:

- dhukkubbii irree irra
- mata-dhukkubbii fi dadhabbii.

Kunis yeroo hedduu parasetamolaan wallaanuu fi ijoolleenis yeroo takka takka dabree dabree doktora fayyaa arguu isaan barbaachisuu mala.

Miidhaa ulfaataan garuu baay'ee dabree dabree xiqqaa dha.

Caalaatti waa'ee talaallii ijoollee as ilaali;

<https://www.coronavirus.vic.gov.au/vaccination-information-children-and-teenagers>

Waraqaa kana bifa biraatiin argatuuf email [gartuu Odeeffannoo Ummataa fi Waltahiinsa Tarsimootti \(Public Information and Strategic Partnerships team\)](mailto:gartuu.Odeeffannoo.Ummataa.fi.Waltahiinsa.Tarsimootti_(Public_Information_and_Strategic_Partnerships_team)@dffh.vic.gov.au) kanatti ergi <RREMenagement&partnerships@dffh.vic.gov.au>

Authorised and published by the Victorian Government, 1 Treasury Place, Melbourne.

© State of Victoria, Australia, Department of Families, Fairness and Housing, January 2022.